Dambii Lak. 186 /2008

**Dambii Labsii Magaalotaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Raawwachiisuuf Bahe**

Labsii Magaalotaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe Lak. 195/2008 fi Labsii Lak.196/2008 raawwachiisuuf Dambii baasuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaata Labsii Lak.163/2003 keewwata 65(2) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko

## Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun **"Dambii Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 186 /2008"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan seensa jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Dambii kana keessatti:

   1) **"Biiroo"** jechuun Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaati.
   2) "**Labsii**" jechuun Labsii Magaalota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 195/2008 jechuudha.
   3) **"Labsii Fooyya'e"** jechuun Labsii Magaalota Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe Lak.195/2008 Fooyyessuuf Labsii Bahe Lak. 196/2008 jechuudha.
   4) **"Waajjira"** jechuun Waajjira Industirii fi Misooma Magaalaa Godinaa fi Aanaa jechuudha.

3. **Ibsa Koornayaa**

   Dambii kana keessatti koornayaa dhiiraatiin kan ibsame dubartiis ni dabalata.

## Kutaa Lama

## Hundeeffama, Sadarkaa, Aangoo Fi Hojii Magaalotaa

4. **Hundeeffama Magaalotaa**

   1) Magaalonni Naannichaa haala bulchiinsaa, gurmaa'insa, gaggeessummaa fi itti waamama isaanii murteessuuf akka gargaaruuf sadarkaa gurguddoo lamaan hundeeffamaniiru.
      a) Magaalota bulchiinsa magaalaa qabanii fi
      b) Magaalota manneen qopheessaati.
   2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a) tiin magaalonni sadarkaa bulchiinsa magaalaa qaban:
      a) Bulchiinsa Magaalaa Muummee;
      b) Bulchiinsa Magaalaa Ol'aanaa;

c) Bulchiinsa Magaalaa Giddugalessaa; fi
d) Bulchiinsa Magaalaa Guddattuu dha.

3) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1(b)tiin maagaalonni sadarkaa manneen qopheessaa ta'an:
    a) Magaalaa mana qopheessaa fi
    b) Magaalaa mana qopheessaa guddattuu dha.

## 5. Ulaagaalee Sadarkaan Magaalotaa Ittiin Adda Bahu

1) Ulaagaaleen Labsii keewwata 5 (2) jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, sadarkaa magaalotaa adda baasuuf ulaagaaleen armaan gadii dabalataan tumamanii jiru:
    a) Babal'ina bu'uuraalee misoomaa magaalichaa;
    b) Giddugaleessummaa diinagdee fi daldalaa ta'uu;
    c) Gahumsa magaalaan saffinaan guddachuuf qabdu;
    d) Giddugaleessummaa bulchiinsaa;
    e) Bal'ina lafa magaalaa;
    f) Baay'ina magaalota ollaa magaalicha irraa kiilomeetira 15 keessatti daangessan;
    g) Baay'ina dhaabbilee mootummaa fi miti mootummaa magaalaa sana keessatti argamaniidha.
2) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumameen madaallii gaggeeffamuun magaalonni qabxii % 100 keessaa argataniin akkaataa armaan gadiitiin kan ramadaman ta'u:
    a) %80 fi isaa ol kan argate 'Bulchiinsa Magaalaa Muummee';
    b) %70 hanga %79.9 kan argate 'Bulchiinsa Magaalaa Ol'aanaa';
    c) %60 hanga %69.9 kan argate 'Bulchiinsa Magaalaa Giddugaleessaa';
    d) %55 hanga %59.9 kan argate 'Bulchiinsa Magaalaa Guddattuu';
    e) %40 hanga %54.9 kan argate 'Magaalaa Mana Qopheessaa';
    f) %30 hanga %39.9 kan argate yookiin magaalaa qaama seerummaa kanaan dura qabaatee qabxii madaallii %30 gadi kan argate 'Magaalaa Mana Qopheessaa Guddattuu' keessatti kan ramadamu ta'a.
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatuyyuu, magaalonni duraan rifoormii keessa galanii turan madaallii gaggeeffamu kanaan kan boodatti deebi'an yoo ta'e bifa addaatiin sadarkaa bulchiinsa magaalaa guddattuu keessatti kan ramadaman ta'a.
4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatuyyuu, magaalonni rifoormii keessa jiran yeroo ammaa itti waamamni isaanii Naannoof ta'e ulaagaa jiruun sadarkaa sana yoo dhaqqabuu dadhaban bifa addaatiin ilaalamanii magaalaa ol'aanaa keessatti ramadamuu ni danda'u.

5) Magaaloonni Naannichaa haala keewwata kana keewwata xiqqaa (1-4) tiin sadarkaan isaanii addaan bahee Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin murtaa'eef Biiroon waraqaa ragaa sadarkaa isaanii ibsu kan kennamuuf ta'a.

### 6. Ulaagaa Sadarkaan Magaalaa Ittiin Ol-guddatu

1) Akkaataa Labsii keewwata 5 (10)tiin, Magaalonni sadarkaa irra jiran irraa ol-guddachuu kan danda'an ulaagaa itti aanu yoo guutaniidha:
   a) Dambii kana keewwata 5 jalatti haala tumameen ulaagaa madaallii sadarkaa magaalaa itti aanuuf murtaa'e yoo dhaqqaban;
   b) Sadarkaa irra turan irratti;
      i. Bulchiinsi Magaalaa Ol'anaa yoo xiqqaate turmaata waggaa 5;
      ii. Bulchiinsi Magaalaa Giddugaleessaa fi Guddattuu yoo xiqqaate turmaata waggaa 4;
      iii. Magaalaa Mana Qopheessaa fi Mana Qopheessaa Guddattuu yoo xiqqaate turmaata waggaa 3 kan dabarsan yoo ta'e dha.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, akkaataa Labsii Fooyya'e keewwata 2 (3)tiin guddinni sadarkaa magaalota mana maree bulchiinsa magaalaa qabanii fi mana qopheessaa yeroo taasifamu, ulaagaalee armaan gadii irratti hundaa'uun ta'a:
   a) Galii magaalichaa;
   b) Baay'ina ummataa;
   c) Haala magaalichi saffina guddinaaf qabu;
   d) Sochii hawaas-diinagdee kan bu'ureffatuu; fi
   e) Humna raawwchiisummaa magaalichaa.
3) Akkaataa Labsii Fooyya'e keewwata 2 (4)tiin Biiroon qorannoo gaggeessuun guddina sadarkaa Magaalaa Mana Qopheessaa Guddattuuf kennuu ni danda'a. Ulaagaaleen keewwata kana keewwata xiqqaa 4(a-e) tti jiran as irrattis raawwatiinsa ni qabaatu.
4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatuyyuu, qorannoo Biiroon taasisu irratti hundaa'ee haala addaatiin Manni Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa sadarkaan magaalaa akka ol-guddatu murteesuu ni danda'a.

### 7. Qaama Seerummaa Argachuu

1) Jiraattonni iddoo murtaa'aa tokko keessa jiraatan bu'uura Labsii Fooyya'e keewwata 2(5)tiin qaama seerummaa magaalummaa argachuuf gaaffii karaa Waajjira Godinaatiin Biiroodhaaf dhiyeessuu qabu.
2) Ulaagaaleen Labsii keewwata 6 (2) jalatti tumaman akkuma eegamanitti ta'ee, Biiroon qaama seerummaa magaalummaa kan kennu dabalataan ulaagaaleen armaan gaditti tumaman kan guutan yoo ta'eedha:

a) Fageenya gandi baadiyyaa qaama seerummaa gaafate magaalaa ollaa isaa irraa qabu kiilomeetira 15 fi isaa ol yoo ta'e;

b) Magaalichi qaama seerummaa gaafate galiidhaan of danda'uun isaa qorannoo Biiroon taasisuun yoo mirkanaa'e;

c) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2(a) jalatti kan ibsame akkuma jirutti ta'ee, Biiroon haala addaatiin ilaalee fageenya kiilomeetira 15 gaditti hayyamuu ni danda'a; raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

3) Biiroon gaaffii dhiyaateef ilaalee akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin qaamni seerummaa magaalummaa akka kennamu yammuu murteessu bu'uura Labsii keewwata 6 (5)tiin waraqaa ragaa qaama seerummaa magaalichaaf ni kenna.

4) Waraqaan ragaa qaama seerummaa magaalotaaf kennamu qabxiiwwan armaan gadii qabaachuu qaba:

a) Teessoo godinaa fi aanaa gandichaa;
b) Maqaa gandichi akka magaalaatti ittiin beekamu;
c) Sadarkaa magaalaa;
d) Guyyaa qaamni seerummaa itti kennamee; fi
e) Tarreeffama dhimmoota biroo barbaachisaa ta'an.

**8. Qaama Seerummaa Haquu**

1) Bu'uura Labsii keewwata 8 (3) jalatti tumameen magaalota haala magaalummaa isaaniin itti fufuu dadhaban Biiroon qorannoo gaggeessuun qaama seerummaa kennameef haquu ni danda'a.

2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin qaaamni seerummaa kenname yeroo haqamu mirgaa fi dirqamni magaalichi duraan qabu qaama duraan itti waamamuuf kan darbu ta'ee raawwiin isaas akkaataa armaan gadiitiin ta'a:

a) Qabeenya magaalichi duraan horate qaamni inni itti waamamaa ture sun ofitti fudhatee kan bulchu ta'a.
b) Hojjatoota dhaabbii magaalichi qabu ofitti fudhatee kan ramadu ta'a.
c) Idaa magaalichi duraan qabu yoo jiraate ofitti fudhatee kan kaffalu ta'a.
d) Tajaajila ummanni argachaa ture haala itti fufiinsa qabuun argachuu akka danda'u ni mijeessa.

3) Magaalaan qaamni seerummaa irraa haqame Ganda baadiyyaa ta'ee itti fufuu yookiin magaalaa ollaa yookiin Ganda baadiyyaa keessa jirutti makamuu ni danda'a. Ulaagaan Ganda baadiyyaa ofdanda'e ta'uu yookiin ittiin makamuu danda'u qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

9. **Aangoo fi Hojii Magaalotaa**

Bu'ura Labsii keewwata 9 tiin aangoo fi hojiin magaalotaaf kenname akkuma jirutti ta'ee, magaalonni dabalataan aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaatu:

1) Daandii keessa keessaa, bo'ii lolaa, bakka qalmaa, bakka awwaalchaa fi bakka gabaa qopheessuu fi bulchuu;
2) Waltajjii ummataa qopheessuun ummanni misooma irratti gahumsaan akka hirmaatu taasisuu fi haala mijeessuu;
3) Qindoominni hojii magaalaa keessatti akka jiraatu taasisuu;
4) Manneen mootummaa (gandaa) magaalicha keessatti argaman bu'uura seeraatiin ni bulcha; kaartaa akka argatan ni taasisa; ni haaromsa; kan dulloomee haaromuu hin dandeenye bu'uura seeraatiin iddoon isaa hojii misooma biroof akka oolu ni taasisa;
5) Namoota mana jireenyaa ijaarrachuu barbaadaniif seera jiru irratti hundaa'uun lafa mana jireenyaa irratti ijaarratan akka argatan ni taasisa;
6) Tajaajiloonni manneen qopheessaatiin kennaman istaandardii qophaa'u irratti kan hundaa'e akka ta'u ni taasisa; ni hordofa;
7) Waliigaltee bittaa, gurgurtaa, kiraa fi kennaa manaa ni galmeessa;
8) Magaalli jiruu fi jireenya jiraataaf mijataa akka ta'u ni hojjata;
9) Tajaajila si'ataa, iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabu jiraataa magaalaaf ni kenna;
10) Bu'aa qabeessummaan isaa yoo itti amaname tajaajiloota manneen qopheessaa qaama alaa biroon akka kennaman taasisuu ni danda'a;
11) Tajaajila kenniinsa ragaa hawaasummaa ammayyeessuun akka hojjatamu ni taasisa;
12) Ogeessa barbaachisaa gahumsa qabu ramaduun tajaajila qalmaa ga'umsa qabu ni kenna.
13) Sirna qindaa'aa qabiinsaa fi dhabamsiisa balfa gogaa hojiirra ni oolcha; hojiirra ooluu isaa ni hordofa.
14) Seektara dhimmi ilaalu waliin too'annoo manneen nyaataa fi dhugaatii, hoteelota, mana fincaanii ummataa fi dhaabbilee biroo irratti ni gaggeessa; tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata.
15) Iddoowwan magaariisummaa magaalaa akkaataa pilaanii magaalaa irra taa'een ni misoomsa, ni kunuunsa, ni eega.Tarreeffamni Keewwata kanaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**Kutaa Sadii**

**Sirna Gaggeessummaa fi Itti Waamama Magaalaa**

10. **Sirna Gaggeessummaa Magaalaa**

Akkaataa Labsii keewwata 14 tiin sirni gaggeessummaa magaalaa magaalota bulchiinsa magaalaa qaban keessatti sirna Mana Maree Kantiibaa ta'ee, caaseffamni magaalaa:

1) Akkaataa barbaachisummaa isaatti gurmaa'insa caasaa Mootummaa Naannootiin haala wal simuun ni ijaarama.
2) Magaalota mana qopheessaa keessatti hoji-gaggeessaa fi itti aanaa hoji-gaggeessaan magaalaa Bulchaa Aanaatiin dhiyaatee mana maree Aanaatiin kan muudamu ta'a. Hoji-gaggeessaan hoogganaa fi hojii raawwachiisaa magaalichaa ta'uun ni tajaajila.

**10. Miseensota Mana Maree Bulchiinsaa Bulchiinsa Magaalotaa**

1) Bu'uura Labsii keewwata 24 (2)tiin Manni Maree Bulchiinsa Magaalaa miseensota armaan gadii ni qabaata:
   a) Kantiibaa Magaalaa;
   b) Itti Aanaa Kantiibaa;
   c) Waajjira Sivil Sarviisii fi Bulchiinsa Gaarii;
   d) Waajjira Mana Qopheessaa;
   e) Waajjira Barnootaa;
   f) Waajjira Eegumsa Fayyaa;
   g) Waajjira Haqaa;
   h) Waajjira Bulchiinsaa fi Nageenyaa;
   i) Waajjira Maallaqaa fi Misooma Dinagdee;
   j) Waajjira Aadaa fi Turizimii;
   k) Waajjira Misoomaa fi Manajimentii Lafa Magaalaa;
   l) Waajjira Dhimma Hojjataa fi Hawaasummaa;
   m) Waajjira Barnoota Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa;
   n) Waajjira Daldalaa fi Misooma Gabaa;
   o) Waajjira Shuumii Gamoo;
   p) Waajjira Intarpiraayizii Maayikroo fi Xixiqqaa;
   q) Waajjira Dhimmoota Kominikeeshinii Mootummaa;
   r) Waajjira Dhimma Dubartootaa fi Daa'immanii;
   s) Waajjira Dargaggoo fi Ispoortii;
   t) Itti gaafatamaa Waajjira Kantiibaa.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (a-t) jalatti kan tumame jiraatus baay'inni miseensota Mana Maree bulchiinsa magaalotaa humna galii maddisiisuu magaalotaa irratti kan hundaa'u ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti adeemsaan kan guutamaa deemu ta'a.

**11. Hundeeffama Qaama Raawwachiiftuu Magaalota Mana Qopheessaa fi Mana Qopheessaa Guddattuu**

Qaamni raawwachiiftuu magaalota Mana Qopheessaa fi Mana Qopheessaa Guddattuu keessatti hoji-gaggeessaa fi itti aanaa hoji-gaggeessaan kan hundeeffamu ta'a.

**12. Itti Waamamaa fi Walitti Dhufeenya Magaalotaa Biiroo fi Caasaalee Isaa Sadarkaan Jiran Waliin Qabu**

1) Itti waamamni Magaalota Muummee fi Ol'aanaa mana maree magaalichaa fi Waajjira Pirezidaantii Naannichaatiif ta'ee, karooraa fi gabaasa isaanii mana maree magaalichaaf ni dhiyeessu; raawwii karoora hojiilee hawaasummaa fi diinagdee, bulchiinsa hojjatootaa fi qabeenyaa ilaalchisee Biiroof gabaasa ni dhiyeessu;
2) Itti waamani Bulchiinsa Magaalota Giddugaleessaa fi Guddattuu Mana Maree magaalichaa fi Waajjira Bulchiinsa Godinaaf ta'ee, karooraa fi gabaasa isaanii mana maree magaalaaf ni dhiyeessu; raawwii karoora hojiilee hawaasummaa fi dinagdee, bulchiinsa hojjatootaa fi qabeenyaa ilaalchisee Waajjira Godinaaf gabaasa ni dhiyeessu.
3) Itti waamamni Magaalota Mana Qopheessaa fi Mana Qopheessaa Guddattuu Waajjira Bulchiinsa Aanaa tiif ta'ee, karooraa fi gabaasa isaanii Mana Maree Aanaaf ni dhiyeessu; raawwii karoora hojiilee hawaasummaa fi diinagdee, bulchiinsa hojjattootaa fi qabeenyaa ilaalchisee Waajjira Aanaaf bakka waajjirri Aanaa hin jirretti Waajjira Godinaaf gabaasa ni dhiyeessu.

**13. Hundeeffamaa fi Itti Waamama Waajjiraalee Seektara Magaalaa**

Waajjiraaleen seektaraa fi manneen hojii tajaajila adda addaa kennan bu'uura Labsii keewwata 29 tiin kan hundeeffaman ta'ee, akkaataa dhimmichaatiin itti waamamani seekteraalee bulchiinsa magaalaa;

1) Seektarri magaalaa magaalota bulchiinsa magaalaa qabanii Kantiibaa magaalichaatiif kan itti waamamu ta'ee, gabaasas kan dhiyeessu ta'a.
2) Tokkoo tokkoon miseensota mana maree bulchiinsaa bulchiinsa magaalotaa hojii mootummaa itti gaafatamummaan gaggeessan ilaalchisee Biiroo seektara mootummaa naannoo dhimmi ilaaluuf raawwii karooraa, hojiirra oolmaa dambii, qajeelfamaa fi sadarkaalee irratti itti waamama ni qabaatu.

**14. Dirqama Gabaasa Dhiyeessuu**

1) Seektarri Magaalaa kamiyyuu Kantiibaadhaaf gabaasa kan dhiyeessu kurmaana kurmaanaan ta'ee, akka barbaachisummaa isaatti qaama mootummaa dhimmi ilaallatuuf sadarkaan itti waamamaniif barreeffamaan gabaasa dhiyeessuu qaba.
2) Bulchiinsi Magaalaa kamiyyuu ummata magaalichaa fi mana maree magaalichaaf gabaasa kurmaana kurmaanaan dhiyeessuu qaba.
3) Sektaraaleen magaalarra jiran raawwii hojii isaanii kurmaana kurmaanaa fi waggaan qaama mootummaa naannoo dhimmi ilaaluuf gabaasa ni dhiyeessu. Qaamni gabaasni dhiyaateefiis too'annoo fi gamaaggama yeroo yeroon taasisuun duub deebiis kennuu qabu.

**15. Qabiyyee Gabaasaa**

1) Gabaasa magaalaan dhiyeessu barreeffamaan ta'ee, yoo xinnaate qabiyyee armaan gadii qabaachuu qaba:
   a) Raawwii karoora hojii misoomaa, tajaajila hawaasummaa, bulchiinsa gaarii fi nageenyaa;
   b) Raawwii karoora hojiiwwan idilee kan mootummaa fi kan mana qopheessaa;
   c) Hojiirra oolmaa eegumsa seerotaa fi sadarkaalee;
   d) Itti fayyadama baajataa, galii magaalotaa, deeggarsa Mootummaa Naannoo fi qaama biroo irraa uwwifamee; fi
   e) Hojiiwwan hirmaannaa ummataatiin raawwatamaniidha.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, gabaasni raawwii bulchiinsa magaalaa irraa dhiyaatu qabxiiwwan dabalataan qabaachuu qabu Qajeelfama Biiroon baasuun kan murtaa'u ta'a.
3) Gabaasni faayinaansii bulchiinsi magaalaa dhiyeessu hojimaataa fi haala gabaasa mootummaa kan Biiroo Maallaqaa fi Misooma Dinagdee Oromiyaatiin bahe irratti hundaa'uu qaba.

**16. Tarkaanfiiwwan Gabaasa Irratti Fudhatamanii fi Raawwii isaa**

1) Qaamni mootummaa naannoo, godinaa fi aanaa dhimmi ilaalu gabaasa dhiyaate irratti ibsa yookiin ragaalee hanqatan akka dhiyaatan magaalaa dhimmi ilaalu gaafachuu ni danda'a;
2) Magaalaan ibsa yookiin ragaalee akka dhiyeessu gaafatame osoo hin dhiyeessiin yoo hafe qaamni mootummaa naannoo, godinaa fi aanaa dhimmi ilaalu gamaaggama gaggeessuun bu'aa gamaaggamaa irratti hundaa'uudhaan tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuu ni danda'a;
3) Qaamni dhimmi ilaalu bu'aa gamaaggamaa fi tarkaanfii sirreeffamaa fudhatame yeroo yeroon qaama mootummaa dhimma ilaaluuf gabaasuu qaba.

**17. Ulaagaa Hundeeffama Kutaa  Magaalaa**

1) Gurmaa'insi kutaa magaalaa bu'uura Labsii keewwata 30 (2) fi Labsii Fooyya'e keewwata 2 (9)tiin kan tumame akkuma eegametti ta'ee, ulaagaan dabalataa armaan gadii yaada keessa galuu qaba:
   a) Bal'ina lafa magaalichaa;
   b) Fageenya giddugalessa magaalicha irraa qabu;
   c) Humna raawwachiisummaa galii magaalichi baajataan of danda'uu;
2) Keewwata kana keewwata 1 keewwata xiqqaa (a-c) jalatti kan tumame raawwatiinsa kan qabaatu barbaachisummaa isaa irratti qorannoo Biiroon gaggeessee Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaaf dhiyaatee yoo mirkanaa'e dha.

3) Hangi qabxii ulaagaalee hundeeffama kutaa magaalaa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumamee qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**18. Hundeeffama Mana Maree Bulchiinsaa Kutaa Magaalaa**

1) Bu'uura Labsii keewwata 30 (5) jalatti tumameen mana maree bulchiinsaa kutaa magaalaa hundeeffamu miseensota armaan gadii ni qabaata:
   a) Waajjira Mana Qopheessaa Kutaa Magaalaa;
   b) Waajjira Ejensii Interpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa Kutaa Magaalaa;
   c) Waajjira Ejensii Misoomaa fi Manajimantii Lafa Magaalaa Kutaa Magaalaa;
   d) Waajjira Maallaqaa fi Misooma Diinagdee Kutaa Magaalaa;
   e) Waajjira Daldalaa fi Misooma Gabaa Kutaa Magaalaa;
2) Keewata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Kantiibaan magaalaa baay'inni miseensota mana maree bulchiinsaa kutaa magaalaa mana maree magaalaaf dhiyeessee erga mirkanaa'ee booda karaa Biirootiin Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiin mirkaneessisuun dabaluu ni danda'a.

**19. Hundeeffama Seektaraalee Kutaa Magaalaa**

Caasaan seektara kutaa magaalaa caaseffama bulchiinsa magaalaa eegee akkaataa barbaachisummaa isaatti kan hundeeffamuu fi caasaa mootummaa of danda'e ni qabaata.

**20. Ulaagaa Hundeeffama Ganda Magaalaa**

1) Hundeeffama Ganda magaalaa ilaalchisee Labsii Fooyya'e keewwata 2 (10) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, ulaagaaleen dabalataa barbaachisan:
   a) Humna raawwachiisummaa magaalaa;
   b) Fageenya Gandi tokko Ganda biraa irraa qabu;
   c) Bal'ina lafaa;
   d) Fedhii ummataa;
2) Keewwata kana keewwata 1 keewwata xiqqaa (a-d) jalatti kan tumame raawwatiinsa kan qabaatu barbaachisummaa isaa mana maree magaalichaatiin yookiin aanichaatiin dhiyaatee irratti amanamee Biiroon yoo mirkananeesse dha.
3) Haalli rawwii keewwata kanaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**21. Hundeeffama Mana Maree Bulchiinsaa Ganda Magaalaa fi Sirna Muudamaa**

1) Baay'inni Miseensota Mana Maree bulchiinsaa Ganda magaalaa hoji-gaggeessaa dabalatee 3 hanga 6 tiin akkaataa barbaachisummaa isaatti kan hundaa'uu ta'ee, miseensota armaan gadii ni qabaata:
   a) Dura taa'aa ;
   b) Hoji-gaggeessaa;
   c) Itti gaafatamaa dhimma diinagdee;
   d) Itti gaafatamaa dhimma hawaasummaa;

e) Itti gaafatamaa dhimma nageenyaa fi haqaa;

f) Dhimma kominikeeshinii.

2) Dura taa'aan Gandaa miseensota mana maree Gandaa keessaa Kantiibaadhaan yookiin bulchaa Aanaatiin dhiyaatee mana maree Gandaatiin kan muudamu ta'a.

3) Miseensotni mana maree bulchiinsa Gandaa dura taa'aa Gandaatiin dhiyaatanii mana mare Gandaatiin kan muudaman ta'u.

## 22. Aangoo fi Hojii Ganda Magaalaa

1) Akkaataa Labsii Fooyya'e keewwata 2 (11) tiin aangoo fi hojiin Ganda magaalaa aangoo fi hojii sadarkaa magaalaa yookiin kutaa magaalaatiif kenname qooddachuun kan hojjatu ta'ee, dabalataan aangoo fi hojii aramaan gadii ni qabaata:

a) Seeronni hojiirra ooluu isaa ni hordofa; seera ni kabachiisa, ijaarsa seeraan alaa ni too'ata; nageenya gandichaa ni eegsisa;

b) Ragaa hawaasummaa barbaachisaa ta'an qulqulleessee bulchiinsa magaalaatiif ni erga;

c) Hojiiwwan hirmaannaa ummataatiin hojjataman ni qindeessa; ni hordofa;

d) Hojiiwwan bu'uura misoomaa, qulqullina fi bareedina magaalaa irratti too'annaa fi hordoffii ni gaggeessa;

e) Galii magaalaa ni funaana; deeggarsa barbaachisaa ta'e ni taasisa;

f) Qabeenya gandichaa ni bulcha; ni too'ata;

g) Ragaa barbaachisaa ta'e qindeessee ni qabaata; qaama barbaaduufis qindeessee ni dabarsa;

h) Manneen Gandaa ni bulcha; ni too'ata;

i) Tajaajiloota iftominaa fi si'oomina qabu kennamuu isaa ni hordofa;

j) Hojiiwwan biroo magaalaan yookiin kutaa magaalaan kennamuuf ni hojjata.

### Kutaa Afur

### Mana Murtii

## 23. Mana Murtii Idilee

Bu'uura Labsii keewwata 36 (1) tiin manni murtii idilee akkaataa barbaachisummaa isaatti bulchiinsa magaalaa keessatti kan hundeeffamu ta'ee, aangoo mana murtii idileen hojjatamu irratti dabaluun dhimmootni magaalaa manneen murtii sadarkaa magaalaa irratti ilaalaman:

1) Hojiirra oolmaa seerotaa fi pilaanii magaalaa;

2) Itti fayyadama manaa fi qabiyyee lafa magaalaa;

3) Qabiyyee lafaa fi ijaarsa seeraan alaa;

4) Kiraa, gibira, tajaajila lafa magaalaa fi kaffaltiiwwan biroo akkasumas kenna hayyama hojii fi haaromsaa;

5) Qulqullina fi faalama naannoo, jeequmsa sagalee;

6) Dhimmoota fayyummaa fi qabeenya ummataa irratti miidhaa yookiin balaa dhaqqabsiisuu danda'an;
7) Tajaajiloota dhimmoota mana qopheessaa;
8) Dhimmoota ijaarsa magaalaa keessatti gaggeeffamuun kan walqabatu;
9) Dhimma beenyaa namoota hojii misoomaaf lafa isaanii irraa buqqa'aniin walqabatu;
10) Tajaajila kenna ragaa hawaasummaa;
11) Miidhaa bu'uura misoomaa irratti dhaqqabu;
12) Bulchiinsi magaalaa ofeeggannoo gochuu qabu gochuu dhabuun rakkoo jiraattota irra gahu;
13) Dimmoota biroo Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiin akka ilaalaman dabalaman ta'a.

## Kutaa Shan

## Walitti Dhufeenya Magaalonni Jiraattotaa Fi Qaamolee Biroo Waliin Qaban

### 24. Walitti Dhufeenya Magaalaan Ganda Magaalaa Waliin Qabu

1) Aangoo fi hojiin Ganda magaalaa Dambii kana keewwata 23 (1) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, walitti dhufeenyi Ganda magaalaa fi magaalaa tajaajila kennamu irratti hundaa'ee;
   a) Sadarkaa magaalaatti hojii hojjatamu sadarkaa gandaatti walii qoodanii hojjachuu;
   b) Qoodiinsa baajataa hojii raawwachiiftuu gandi magaalaa irraa fudhachuun hojjatuun ;
   c) Gamaaggama raawwii hojiilee misoomaa fi hawaasummaa taasisuun;
   d) Karooraa fi raawwii hojii gabaasaan walii-dabarsuun;
   e) Deeggarsa leecoolee (logistic) adda addaa magaalaan Gandaaf taasisuun;
   f) Gandi magaalaa hojii misoomaa fi bulchiinsa gaarii irratti yaada dhiyeessuun;
   g) Haala ummata Gandichaa rakkoolee fi dhimmoota furmaata barbaadan irratti magaalaaf dhiyeessuun.

### 25. Walitti Dhufeenya Magaalonni Seektaraalee Mootummaa Waliin Qaban

Magaalonni sektaraalee mootummaa waliin walitti dhufeenya armaan gadii ni qabaatu:

1) Sektaraaleen mootummaa magaalaa irra jiran dhimma hojii walitti isaan fidu irratti waliin qindaa'uun ni hojjatu.
2) Magaalota mana qopheessaa fi mana qopheessaa guddattuu teessoo Aanaa hin ta'in keessatti galii manneen qopheessaa sassaabu irratti itti waamamni Abbaa Taayitaa Galii Aanaaf kan ta'e caasaa of danda'e deeskii galii diriirsuun kan waliin hojjatan ta'a.
3) Magaalota mana qopheessaa fi mana qopheessaa guddattuu teessoo Aanaa hin ta'in keessatti dhimma faayinaansiin kan walqabatu Waajjira Maallaqaa fi Misooma Diinagdee Aanaaf itti waamama kan qabu caasaa of danda'e deeskii bittaa, qabeenyaa fi bulchiinsa faayinaansii gurmeessuun waliin hojjachuun ni danda'ama.

## 26. Diigamuu Mana Maree Magaalaa

Akkaataa Labsii keewwata 48 (1)tiin Manni maree magaalaa Caffeen kan diigamu yoo ta'e filannoon haaraan magaalaa keessatti gaggeeffamu;

1) Boordii filannoo biyyaalessaa hayyamsiisuun ji'a jaha keessatti filannoo haaraa Seera Filannoo Biyyaalessaa eegee kan gaggeeffamu ta'a;
2) Filannoon erga gaggeeffamee booda manni maree bulchiinsaa irra deebiin kan gurmaa'u ta'a;
3) Filannoon mana maree gaggeeffamee manni maree bulchiinsaa erga gurmaa'ee booda bulchiinsi yeroo mana maree bulchiisaa duraan ture diigamuu qaba.

### Kutaa Jaha

### Waa'ee Bulchiinsa Faayinansii Fi Baajata Magaalotaa

## 27. Madda Galii Magaalotaa

Bu'uura Labsii keewwata 50 (1)tiin maddi galii biroon magaalotaaf kenname akkuma jirutti ta'ee, magaalonni madda galii armaan gadii ni qabaatu:

1) Qaraxa gabaa beeyiladootaa, madaba gabaa fi kanfaltii tajaajilaa fi tajaajila adda addaa kennu irraa;
2) Kiraa manaa bulchiinsa gandaa fi qabeenya biroo irraa;
3) Kennaa adda addaa irraa;
4) Buusii ummata magaalichaa irraa argamu.

## 28. Haala Ittifayyadama Galii Idilee Magaalotaa Baajataa ol Sassaabamee

1) Bu'uura Labsii Fooyya'e keewwata 2 (12)tiin magaalonni galii idilee sassaaban keessaa karoora baajata isaanii Naannoo irraa kennamuuf erga haguuganii booda kan hafu %30 Naannootti dhangalaasuun % 70 kan fayyadaman ta'a.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame jiraatuyyuu, haalli ittifayyadama galii idilee magaalotaa baajataa ol sassaabamee akkaataa barbaachisummaa isaatiin bu'uura ulaagaa armaan gadiitiin jijjiiramuu  ni danda'a:
    a) Haala itti fayyadamaa fi raawwii hojii baajata magaalichaa baroota sadan darbanii;
    b) Fedhii fi waliin gahiinsa  bu'uuraalee misooma magaalichaa; fi
    c) Deeggarsa baajataa magaalota naannichaaf taasifamu yaada keessa galchuun ta'a.

## 29. Magaalota Xiyyeeffannoo Addaa Barbaadaniif Haala Baajatni Dabalataa Itti Ramadamu

Bu'uura Labsii Fooyya'e keewwata 2 (12) tiin magaalotni xiyeeffannoo addaa barbaadan kan adda bahan qorannoo Biiroon gaggeessee Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaaf dhiyaatee kan mirkanaa'uu ta'ee, baajatni ramadamuufis giddugaleessa kan godhatu:

1) Magaalaa industirii babal'aan keessatti gaggeeffamu;
2) Magaalaa daangaa naannolee biroo irra jiran; fi
3) Magaalaa giddugala turizimii ta'u jedhamanii yaadamaniidha.

**30. Haala Madda Galii Magaalotaa Liqii Irraa Argamuu**

1) Bu'uura Labsii keewwata 50 (1) (c)tiin liqiin liqeeffatamuun dura Biiroof dhiyaatee akkaataa Labsii keewwata 50 (7)tiin barbaachisummaan isaa Mana Maree Bulchiinsaa Mootummaa Naannichaatiin erga murtaa'ee booda ta'ee, liqiin liqeeffatamu;
   a) Magaalota bulchiinsa magaalaa qaban keessatti karaa Kantiibaa, magaalaa mana qopheessaa keessatti karaa hoji-gaggeessaa qofaan ta'uu qaba;
   b) Dhaabbilee faayinaansii mootummaa yookiin dhuunfaa irraa ta'uu ni danda'a;
   c) Seera faayinaansii biyyaalessaa irratti kan hundaa'ee ta'uu qaba;
   d) Mana maree bulchiinsaa fi mana maree Magaalaan yookiin Aanaan mirkanaa'uu qaba;
   e) Dhimma liqeeffatame sana qofaaf ooluu qaba;
   f) Karoora baajataa, galii fi baasii irratti qabamee labasmuu qaba.
2) Liqii magaalonni akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin liqeeffatan bu'uura waliigaltee seenameen deebisuu qabu;
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a-f)tti kan tarreeffame jiraatuyyuu, kutaan magaalaa fi gandi magaalaa liqeeffachuu hin danda'an.

**31. Haala Mootummaan Naannoo Magaalotaaf Deeggarsa Faayinaansii Itti Taasisu**

Bu'uura Labsii keewwata 45 tiin Mootummaan Naannoo magaalotaaf deeggarsa faayinaansii kan taasisu, haalota armaan gadii irratti hundaa'eeti:

1) Magaalonni galii idilee sassaabaniin baajata isaanii yoo haguuguu hin dandeenye haqummaa irratti karaa hundaa'een;
2) Hojii pirojektii gurguddaa fayyadamummaa ummata magaalaa baay'ee barbaachisaa ta'e baajata magaalaan hojjatamuu hin dandeenye;
3) Sagantaa adda addaa akka biyyaa fi naannootti beekamee hojii misoomaa magaalaa keessatti hojjatamaa jiranii fi dirqama gahee naannoo barbaadaniin kan walqabatu ilaalchisee deeggarsi faayinaansii kan taasifamuuf ta'a.

**32. Itti Fayyadama Faayinaansii Magaalotaa**

1) Galii idilee magaalonni sassaaban:
   a) Galii idilee magaalonni sassaaban haala Dambii kana keewwata 29 (1) jalatti tumameen kan hojiirra oolu ta'a.
   b) Galii idilee sassaaban keessaa baajata hayyamamuuf irratti hundaa'ee mindaa irraa kan hafu akkaataa sadarkaa magaalichaan karoora irratti hundaa'ee pirojektii kaappitaalaaf xiyyeeffannoo kenuun hojiirra oolchuu qaba.
2) Galii manneen qopheessaa:
   a) Galiin manneen qopheessaa tajaajila mana qopheessaaf ooluu qaba;

b) Galii manneen qopheessaan sassaabamu keessaa mindaa hojjattootaa irraa kan hafu, magaalota bulchiinsa magaalaa qaban keessatti akkaataa sadarkaa magaalaan karoora irratti hundaa'ee hojii misooma magaalaaf oolchuu qaba;

c) Galii manneen qopheessaan sassaabamu keessaa mindaa hojjatootaa irraa kan hafu, magaalota Mana qopheessaa fi Mana Qopheessaa Guddattuu keessatti akkaataa sadarkaa magaalaan karoora irratti hundaa'ee hojii misooma magaalaaf oolchuu qaba.

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti tumame galiin idilee hammam hojii misoomaaf akka ooluu qabu tarreeffamni isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**33. Gabaasa Faayinaansii Magaalotaa**

Bu'uura Labsii keewwata 52 tiin gaabaasni faayinaansii taasifamu akkuma jirutti ta'ee:

1) Baajanni magaalotaa, galii fi baasiin idilee fi manneen qopheessaa sadarkaa naannootti **soofti weerrii** mootummaan qabiinsaa fi gabaasa herregaaf diriirsee fi diriirsuun qabamuu fi gabaafamuu qaba;

2) Magaalli gabaasa faayinaansii akkaataa seera faayinaansii Mootummaa Naannichaan yeroo isaa eegee qaama sadarkaa sadarkaan itti waamamuuf gabaasuu qaba.

**34. Qophii fi Bulchiinsa Baajata Magaalotaa**

1) Qophiin baajataa:

a) Seera faayinaansii Mootummaa Naannichaa kan hordofe ta'uu qaba;

b) Baajanni qophaa'u iftoominaa fi karaa hirmaachisaa ta'een ta'uu qaba;

c) Baajanni osoo hin mirkanaa'iin dura qaamni dhimmi ilaalu akka irratti mari'atuu fi yaada kennu taasifamuu qaba;

d) Sagantaa hojii haaraa fi hojii pirojektii kaappitaalaa irratti ummanni akka beeku ta'uu qaba;

e) Abbootiin baajataa yookiin manneen hojii baajanni qabamuuf osoo baajanni hin mirkanaa'iin dura yaada irratti kennuu qabu.

2) Bulchiinsa baajataa:

a) Baajatni mootummaa karoora qophaa'ee mirkanaa'e irratti hundaa'uun kan raawwatamu ta'uu qaba;

b) Baasiin kamiyyuu seera faayinaansii mootummaa naannichaa eegee raawwatamuu qaba;

c) Manni maree magaalaa baajata ofeegannoo kan ramadu ta'ee, Kantiibichi mana maree bulchiinsaa murteessisuun hojiirra oolchuu qaba;

d) Baajatni ofeegganoo seera faayinaansii Mootummaa Naannichaa irratti hundaa'uun murtaa'uu qaba.

## Kutaa Torba

## Pilaanii Magaalaa fi Tumaa Magaalaan Baasu

**35. Akkaataa Labsicha keewwata 56 tiin pilaaniin magaalaa qophaa'u:**

1) Yaa'insa yookiin sadarkaa pilaanii kan eegee fi hojiitti hiikamuu kan danda'u ta'uu;
2) Walitti hidhamiinsa magaalaa fi magaalaa akkasumas magaalaa fi baadiyyaa yaada keessa kan galche ta'uu;
3) Bu'a qabeessummaa fi fayyadamummaa lafa magaalaa yaada keessa kan galche ta'uu;
4) Iftoominnii fi itti gaafatamummaa giddugaleessa godhachuun fayyadamummaa ummataa kan mirkanneesse ta'uu;
5) Fayyummaa hawaasaa fi eegumsa naannoo kan giddugaleessa godhate, akkasumas aadaa fi seenaa ummatichaa kan eege ta'uu;
6) Misooma itti fufiinsa qabu kan mirkaneessu ta'uu; fi
7) Fedhii tokkoo tokkoo jiraataa fi ummataa kan walsimsiise ta'uu qaba.

**36. Dhimmoota Tumaan Magaalaa Irratti Bahu**

Bu'uura Labsii keewwata 16 (2)(a) tiin Manni maree bulchiinsaa Magaalaa yookiin Aanaa dhimmoota armaan gadiirratti tumaa magaalaa baasuu ni danda'a:

1) Baajata waggaa bulchiinsa magaalaa raggaasuuf;
2) Pilaanii bulchiinsa magaalaa raggaasuuf;
3) Bu'uura Labsiitiin dhimmoota aangoo bulchiinsa magaalaa ta'an irratti qaraxaa fi gibira murteessuuf, akkasumas kaffaltii tajaajilaa murteessuuf;
4) Dambii naamusa miseensota mana maree bulchiinsa magaalichaa baasuu, fi
5) Miseensota bulchiinsa Ganda magaalaa ilaalchisee eessa irraa akka walitti dhufan, aangoo, hojii fi caaseffama keessaa murteessuuf.

**37. Sirna Tumaa Magaalaa**

1) Wixineen tumaa magaalaa mana maree bulchiinsaatiin dhiyaatee koree dhaabbii mana maree magaalaatiin erga ilaalamee booda mana maree magaalaaf dhiyaatee mirkanaa'uu qaba.
2) Wixineen tumaa magaalaa magaalaa mana qopheessaa fi mana qopheessaa guddattuu koree dhaabbii mana mare Aanaatiin ilaalamee mana maree Aanaatiif dhiyaatee mirkanaa'uu qaba.
3) Manni maree Magaalaa yookiin Aanaa wixineen tumaa magaalaa, imaammataa fi seerota mootummaa naannoo fi kan biroo waliin kan walsimu ta'uu isaa mirkaneeffachuu qaba.
4) Wixineen tumaa magaalaa mana maree Magaalaaf yookiin Aanaaf yeroo dhiyaatu ibsa barbaachisummaa waliin barreeffamaan dhiyaachuu qaba.
5) Koreen dhaabbii ummata magaalaatiif waltajjii marii uumuun wixineen tumaa magaalaa irratti ummatichi yaada akka irratti kennu taasisuu ni danda'a.

**38. Tumaa Magaalaa Raggaasuu**

1) Manni maree Magaalaa yookiin Aanaa wixinee tumaa magaalaa irratti marii gahaa erga adeemsisee booda bu'uura tumaa ittiin bulmaata mana mareetiin tumameen sagaleen itti kennamee mirkanaa'uu qaba.
2) Tumaaleen magaalaa mana mareen bahan lakkoofsa walitti aanuu fi bara itti bahan kan agarsiisan ta'uu qabu.

**39. Maxxansa**

1) Jiraattonni magaalaa tumaalee ragga'an argachuu akka danda'an manni maree tumaalee ragga'an yoo xiqqaate Afaan Oromoo fi Amaaraatiin akka maxxanfamanii tamsaasaman taasisuu qabu.
2) Gatiin gurgutaa tumaalee maxxanfamanii baasii maxxansiisuuf bahe tilmaama keessa galchuudhaan kan murtaa'u ta'a.

**40. Tumaa Magaalaa Fooyyessuu**

1) Sirni fooyya'iinsa tumaa magaalaa haala tumaa magaalaa baasuuf tumameen walfakkaatuun kan raawwatamu ta'a.
2) Mana maree magaalaatiin yookiin Aanaan fooyya'iinsi tumaa magaalaa yoo ragga'u, mata dureen tumichaa, tumaa fooyya'e ta'uu isaa kan agarsiisu ta'uu qaba.

**41. Moodeelii Tumaa Magaalaa**

1) Biiroon moodeela yookiin yaada ka'umsaa tumaawwan magaalaa qopheessuun magaalotaaf kan dhiyeessu ta'a.
2) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin, moodeelii tumaalee magaalaa dhiyaateef magaalaan kamiyyuu fudhachuuf yookiin akka magaalaa isaatiif tolutti fooyyessee itti fayyadamuu ni danda'a.

## Kutaa Sagal
## Tumaalee Adda Addaa

**42. Walharkaa Fuudhinsa Aangoo**

Walharkaa fuudhinsi aangoo bulchiinsa magaalota Muummee fi Ol'aanaa Biiroodhaan, Bulchiinsa magaalota Giddugaleessaa fi Guddattuu waajjira Godinaatiin, Magaalonni manneen qopheessaa waajjira Aanaatiin yookiin Godinaatiin walharkaa fuudhiinsi aangoo ni raawwatama.

**43. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Biiroon Dambii kana raawwachiisuuf Qajeelfama baasuu ni danda'a.

**44. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun <u>**Adoolessa guyyaa 2,**</u> bara 2008 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Muktaar Kadir
Prezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa
Finfinnee
<u>**Adoolessa guyyaa 2,**</u> Bara 2008